

# Talaallii BCG fi Qorannoowwan Dhukkuba Daranyoo Sombaa(TB)

Yoo qorannoon dhukkuba daranyoo sombaa isin barbaachise, yeroo daa'imummaa keessanii talaallii BCG fudhachuu fi dhiisuu keessan beekuun barbaachisaadha. Talaallii kana kanaan dura fudhattaniittu yoo ta'es dhukkuba daranyoo sombaatiin qabamuu dandeessu, keessumaattu yoo amma ga'eessa taatan.



**Talaalliin BCG gosa dhukkuba daranyoo sombaa daa'imummaa hunda caalaa hamaa ta'e irraa nama eeguu. Ga'eessa yeroo taatan isin hin eegu.**



**Qorannoo dhiigaatiin qorannoo dhukkuba daranyoo sombaa taasisaa. Talaalliin dhukkuba daranyoo sombaa kan BCG jedhamuunis beekamu, bu'aa qorannoo dhiigaa hin jijjiiru. Yeroo daa'ima turtan talaallii BCG fudhattaniittu yoo ta'e, qorannoo gogaa dhukkuba daranyoo sombaa akka HIN fayyadamne doktoora keessanitti himaa.**



**Yoo qorannoon dhiigaa dhukkuba daranyoo sombaa keessanii pozatiivii ta'e doktooroataa raajiin laphee fi daawwannaan tarkaanfii itti aanudha. Doktoorii keessan dhukkuba daranyoo sombaa si'oomaa yookiin hin si'oomneen qabamuu keessan adda baasa.**



**Ameerikaa keessatti namoonni baay'een booda akka hin dhukkubsanneef qoricha dhukkuba daranyoo sombaa hin si'oomnee ni fudhatu. Biyyoonni biroo dhukkuba daranyoo sombaa hin si'oomneef qoricha kennuu dhiisuu danda'u. Qorichichi yeroo baay'ee ji'oota 3 hanga 4 turu.**

Namoonni dhukkuba daranyoo sombaa si'oomadhaan qabamanii miirri dhukkubbi itti dhagahama, akkasumas jarmoota dhukkuba daranyoo sombaa gara namoota isaanitti dhihoo ta'anitti tatamsaasuu danda'u. Gaaffii barbaadan gaafachuuf lakkoofsa bilbilaa 206-744-4579 irratti nuuf bilbiluu, filannoo 1 ykn imeelii : [LTBI@kingcounty.gov](mailto:LTBI@kingcounty.gov) irratti erguu ni dandeessu.